Oromo | Afaan Oromoo

# Gargaarsa dhugaa.

Yeroo ammaa kana.



# Gargaarsa Qusii Humna Ifaa (Power Saving Bonus) $100: Akkaataa itti iyyachuu

Gargaarsa gatii jireenyaa dhugaa lammiilee Viktooriyaa kanneen baay'ee barbaadaniif kennuu.

Mootummaan Viktooriyaa baasii jireenyaa furuu fi kaffaltii anniisaa lammiilee Viktooriyaa rakkataniif gadi buusuuf gargaarsa dhugaa kennaa jira, Gargaarsa Qusannaa Humnaa haaraa $100 waliin.

Hagayya 25 bara 2025 irraa eegalee, abbootiin kaardii koonseshinaa ulaagaa guutan marsariitii Victorian Energy Compare daawwachuudhaan, yeroo dhiyeessii anniisaa isa gaarii ta'e irratti argamu isaanii ilaaluun, Bonus kanaaf iyyachuu ni danda'u.

Victorian Energy Compare marsariitii bilisaa fi walaba mootummaan geggeeffamu yoo ta'u, dhiyeessii humna ibsaa, gaazii fi kan soolaaraa wal bira qabuun salphaadha. Karoora anniisaa yeroo hunda sakatta'uu fi jijjiiruuf marsariitii kana fayyadamuun, lammiileen Viktooriyaa baasii anniisaa isaanii irratti baay'ee qusachuu danda'u.

GargaarsaHumna Qusachuu $100 argachuuf gara karoora anniisaa adda ta'etti jijjiiruun si hin barbaachisu. Karoora jiran walbira qabuuf marsariitii fayyadamuu qofa - saffisaa, salphaa, fi waliigaltee fooyya'aa argachuuf si gargaaruu danda'a.

### Gargaarsa Qusanno Humna Ibsaa $100

Gargaarsa Qusannaa Humnaa $100 kaffaltii al tokkoo kan maatiin ulaagaa guutan kaffaltii anniisaa qorraa akka bulchuu fi dhiibbaa baasii jireenyaa salphisuuf kan qophaa'eedha.

Marsariitii Victorian Energy Compare fayyadamuun iyyachuuf, qusannoo haaraa argachuu dandeessa - akkasumas yeroo kana hojjettu Bonus $100 argachuu dandeessa.

### Seera guutuu (Eligibility)

Seerri hayyamuuf maatiin mana takka keessaa:

- Kaffaltii (bilii) ibsaa mana jireenyaa dhiheenya kanaa qabaachuu
- Kaardii konseshinaa armaan gadii keessaa tokko qabadhu:
  - Kaardii Kunuunsa Fayyaa (Health Care Card)
  - Kaardii konseshinaa Sooramaa (Pensioner)
  - Kaardii Konseshinaa Dhimma Gootota Soorama Bahanii (Veterans' Affairs)
  - Kaardii Bif-Warqee (Gold Card) Dhimma Gootota (Veterans' Affairs)

Maatii mana takka keessaaf al takka qofa maallaqi kennama.

### Akkaataa itti iyyachuu

Iyyachuuf, marsariitii Victorian Energy Compare (compare.energy.vic.gov.au) daawwadhaa ykn bilbilaan (**1800 000 832**) ykn qaamaan karaa Mana Ollaa hirmaataa ta'een iyyadhaa.

VICTORIAN ENERGY COMPARE

VICTORIA State Government

# **Gargaarsa dhugaa.** Yeroo ammaa kana.

## Waldorgomsiis Human Ifaa Victoria maal akka siif godhu:

- Dhiyeessii jiran karoora amma qabdan waliin wal bira qaba, kanaaf ol'aanaa ykn gadi aanaa ta'uu isaanii ilaaluu dandeessa.
- Daldalaa humna ifaa Victoria hunda gabaa irra jiran sakatta'ee dhiheessa.
- Humna ifaa gatii gaarii (green energy) fi humna aduutiin (soolaarii) kan dalagu (solar feed-in) si agarsiisa.
- Maatii ykn daldalaaf odeeffannoo gaarii kennuuf galmeessa addaa dhimma gargarama.

| | | |
|---|---|---|
| **1** Gatii elektirikaa kan dhihoo barbaadi. | **2** Daawwadhaa compare.energy.vic.gov.au | **3** Odeeffannoo kee galchiiti gatii gaarii afeeramtu ilaali. |

### Wal madaalchisaati qusadha

Namoonni bara 2024 guutuu marsariitii Victorian Energy Compare fayyadaman gara dhiyeessii gatii gaarii qabuutti jijjiiruun doolaara 240 ol qusachuu danda'aniiru.

### Mana Jireenyaa fi Daldala Xixiqqaa

Victorian Energy Compare fayyadamtoota anniisaa mana jireenyaa fi daldala xixiqqaatiif dhiyeessii anniisaa akka waliigalaatti argamu hunda qaba.

### Dhibbantaa 17.5 (17.5%) gadi hir'isa

Namoota kaardii koonseshinaa kaffaltii ibsaa isaanii waggaa guutuu fi kaffaltii gaazii qorraa (Caamsaa - Waxabajjii) irraa 17.5% hir'ifama argachuu ni danda'u.

Weebsaayitiin Annisaa Mootummaa Viktooriyaa hojii nuti industirii fi hawaasa waliin hojjechaa jirru irratti odeeffannoo kenna, egeree anniisaa nageenya Viktooriyaa qabuu fi itti fufiinsa qabu guddisuuf.



energy.vic.gov.au/households **daawwadhaa**

© Kutaa Annisaa, Naannoo fi Tarkaanfii Haala Qilleensaa Naannoo Viktooriyaa Hagayya 2025

**ISBN** 978-1-76176-566-7 **(Print)**
**ISBN** 978-1-76176-567-4 **(pdf/online/MS word)**

**Ibsa**
Maxxansi kun gargaarsa isiniif ta'uu danda'a garuu Bulchiinsi Viktooriyaa fi hojjettoonni isaa maxxansichi mudaa gosa kamiiyyuu kan hin qabne ta'uu isaa ykn guutummaatti kaayyoo addaa keessaniif kan mijatu ta'uu isaaf wabii hin kennan kanaaf dogoggora, kasaaraa ykn bu'aa biroo odeeffannoo maxxansa kana keessatti argamu kamiyyuu irratti hirkatanii jiraachuu keessan irraa maddu kamiifuu itti gaafatamummaa hunda ni dhorka.

Kanneen afaan English hin dandeenye afaan kan birotiin gargaarsa argatuuf Tajaajila Afaan Hiikaa fi Turjubaana (TIS) 131 450 irratti bilbilaa.

VICTORIA State Government

2052